# YEROO HATATTAMAA CABBII JECHUUN MAAL?

Seerri konkolaataa dhaabuu addaa kan hojii irra oolu yammuu yeroon hatattamaa cabbii daandileen magaalaa seent pool keessa jiran akka haxawwamaniif labsamu dha.

Jiraatotni fi imaltotni marti konkolaataa isaanii karaa irraa akka seera hatattamaa yeroo cabbiitti kaasuu qaban.

Konkolaatotni akka seera hatattamaa yeroo cabbiitti hin dhaabanne tikeeta ni argata yookin seeran akka kaafamu dirqisiisa.

Yeroo mara mallattoo dhaabbatu hordofi. Bakkoota mallattoon 'Dhaabuun Dhorkaa' jedhu konkolaatota hindhaabin.

# YEROON HATATTAMAA CABBII YOOM LABSAMA?

Waajjira Dalagaa Uummataa kan Magaalaa Seent Pool yeroo hatattamaa cabbii jiraatotni fi imaltootni konkolaataa isaanii daandii irraa kaasuuf carraa akka argataniiif sa'a 3 W.B. dura labsama.

Magaalaa Seent Pool osoo yeroo hatattamaa cabbii hinlabsamin haalota hedduu akka qilleensa, ho'insa karaa, haala qilleensaa fuulduraa, gosa fi tuullaa bokkaa, tilmaama keessa galfama. Magaalichi yeroo hedduu baayinni cabbii lafa irraa inchii 3 fi ol yoo ta'e yeroo hatattamaa cabbii labsa.

**651-266-9700**
**STPAUL.GOV/SNOW**

## YAADACHIISA YEROO CABBII HATATTAMAA ARGADHU

Lakkoobsa 651-266-PLOW (7569) kana bilbilii ergaa waa'ee yeroo cabbii hatattamaa dhageefadhu

Marsariitii kana **stpaul.gov/snow** ilaali

Marsariitii kana **stpaul.gov/snow** irraa kaartaa kan akka tikeeta hinarganneef bakka konkolaataa dhaabuu qabdu ilaali

Marsariitii kana **stpaul.gov/snow** irratti galmeefamii imeylii si yaadachisu argadhu.*

"St Paul Snow" teextiin dhan barreessii lakkoobsa 468311 kanatti ergii teextii argadhu*

@stpaulpublicw fi **FB.com/CityofSaintPaul** irratti nu hordofaa

**Afaanota Spanish, Hmong, fi Somali dhan ni argama*

## GAAFFILEE?

Odeefannoo waa'ee yeroo cabbii hatattamaa afaan kabiraan, marsariitii **stpaul.gov/snowlanguages** kana ilaali yookin lakkoobsa bilbilaa 651-266-6100 tti bilbili.

**¿Preguntas?** Para obtener información en español sobre la emergencia por nieve, visite **stpaul.gov/snowlanguages** o llama a 651-266-6100.

**Su'aalo?** Macluumaadka degdegga barafka luqada Soomaali waxaad tagtaa **stpaul.gov/snowlanguages** ama wac 651-266-6100.

**Lus noog?** Xav paub cov xov xwm kub ceev txog daus hauv lus Hmoob, thov mus xyuas **stpaul.gov/snowlanguages** 651-266-6100.

*Waraqaa kan risaayklinitti %100 ta'e irratti maxxanfame.*



SAINT PAUL

# BROSHERII YEROO HATATTAMAA CABBII KAN BARA

SAINT PAUL
PUBLIC WORKS

**651-266-9700**
**STPAUL.GOV/SNOW**

## SEERA HALKAN CABBII HAXAAHUU 9 W.B – 7 W.D.

## SEERA YEROO CABBII HARUU KAN GUYYAA SA'A 8 W.D. – 5 W.B.

Seent Pool sa'a 24 yeroo hatattamaa cabbii keessatti maayela 1,800 haxawwa. Fageenyi kun kan Seent Pool hanga Anahe'iim, Kaliforniyaa waliin wal gita!

Yeroon hatattamaa cabbii hanga sa'a 3 w.b. tti erga labsamee booda galgala sa'a 9 w.b. irraa eegalee jiruu irra oola. Erga yeroon hatattamaa kun jiru irra oolee booda, tikeeta muruu fi dirqamaan konkolaataa kaasuun sa'atii 96 tiif cabbii haxawuu fi qulqulleessun ni raawwata.

Ergaa karaan haxawwamee booda konkolaatotni dhaabbachuu ni danda'u.

Seera hatattamaa halkaniin cabbii haruu fi konkolaataa dhaabuun sa'a 9 W.B. eegalee galgala labsiin yeroo hatattamaa labsamee hanga halkan daandiin marti haramutti itti fufa. Daandiin giddu-galeessa magaalaa kan halkan haramuu qabu dha.

**Giddu-galeessa magaalaa irraa kan hafe, daandiin halkan haramuu qabu mallattoo "Night Plow Route" yookin "Night Plow Route This Side of Street" kan jedhu qaba.**




Hanga dandiin haramee xumuramutti moggaa daandii irra konkolaataa hin dhaabin.

Seera yeroo cabbii haruu guyyaa sa'a 8 w.d. tti erga labsamee booda kan jiruu irra oolu hanga daandiin marti haramee xumuramutti itti fufa.

Daandileen cabbii guyyaa haramuuf saganteefaman mallattoo hinqaban. Kanaaf, yoo mallattoon daandii irraa 'Night Plow' kan jedhu blookii sana gidduu hinjiraanne, akka kan guyyaa tti ilaalama.

Yeroo mara mallatoo daandii irraa hordofi. Konkolaataa kee bakkoota "No Parking" jedhu hindhaabin.


### KAARTAA YEROO HATATTAMAA KAN SEENT POOLITTI FAYYADAMI

**Yoom fi eessa konkolaataa kee yeroo hatattamaa akka dhaabuu dandeessu beeki.**

- **Textii fi imeylii akka argattuuf galmaa'i**
- **Salphaatti bakka jirtu kaartaa irraa adda baafadhu**
- **Meeshaa quunnamtii itti fayydamtu irratti kaartaa fe'adhu**

Marsariitii **stpaul.gov/snow** irraa kaartaa fi ergaa yaadachiisaa ilaali.

**Yeroon hatattamaa cabbii erga eegalee booda konkolattotni guyyaa fi halkanii daandii dhorkaa ta'an irraa yoo hinkaafamne hanga sa'atii 96 tti tikeeta argachuu yookin dirqaman kaafamuu malu.**



### YOO KONKOLAATAN KEE YEROO LABSII HATATTAMAATTI DAANDII IRRAA KAAFAME:

1. Odeefannoo dabalataaf marsariitii **stpaul.gov/impound** ilaali.
2. Konkolaatan kee eessatti akka geeffame beekuuf bakka dhaabbii konkolaata fi qabiyyee addaa maagalichatti bilbila armaan gadii bilbili:
   - 1129 Cathlin Street – 651-603-6895
   - 830 Barge Channel Road – 651-266-5642
3. Furtuu, kaffaltii fi dokumantii kee fidi: eyama konkolaachisaa, ragaa inshuransii, fi abbaa qabeenyumaa.

### KONKOLAATAA KAAFAMUU QABU AKKAMITTI GABAASATA?

Yeroo labsii hatattamaa cabbii, waajjira tajaajila uummataa kan magaalaa Seent Pool keessatti dhimma tikeeta damee ilaallatu lakkoobsa kana 651-266-9800 bilbilii, filannoo lakkoobsa 2, filadhuuti konkolaataa kaafamu qabu yookin tikeeta argachuu qabu gabaasi.

Ergaa sa'atii 96 yeroon hatattamaa labsamee booda, konkolaatan tikeeta argachuu qabu yookin kaafamuu qabu yoo jiraate Waajjira poolisii magaalaa Seent Pool kan dhimma dhaabbii konkolaataa tti lakkoobsa kanaan 651-291-1111 bilbili.